
# Seera Barnoota Namoota Qaama Miidhamoo (Individuals with Disabilities Education Act, IDEA)

*Kutaa C Eegumsa Adeemsaa*

MIRGOOTA KEESSAN AKKA MAATIITTI



Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES



**Kabajamoo Maatiiwwanii,**

Gara Sagantaa Deggersa Duraa Daa'imman Reefuu Dhalatanii fi Ijoollee (Early Support for Infants and Toddlers) (ESIT) Washington Baga Nagaan Dhuftan.

ESIT'n ijoollee ulaagaa guutaniif maatiiwwan yookaan kunuunsitoota isaanii dhaloota irraa kaasee hanga waggaa dhalootaa sadaffaa daa'ima sanaatti tajaajila.

Sagantaan ESIT adeemsa deggersaa maatiiwwan, kunuunsitoota, Qindeessaa Galteewwan Maatii (Family Resources Coordinator) (FRC) fi ogeessota biroo kan fedhiiwwa addaa tokkoo tokkoo daa'imaa guutuuf deggersa dhiyeessan gidduuti. Sagantaan kun maatii kan giddugaleessa godhatee dha, maatiiwwanii fi kunuunsitoota biroo leenjisuu fi tooftaa ittiin guddina daa'ima isaanii deggeran kennuu irratti xiyyeeffachuun.

Ani gaafa intallikoo yeroo jalqabaaf tajaajiloota kana fudhachuu jalqabde nan yaadadha. Guyyaadhuma sana madaallii fi fedhii isheen Karoora Tajaajila Dhuunfaa Maatii (Individualized Family Service Plan) (IFSP) irratti qabdu raawwanne. Ani beellama sanaa gaafan ba'u maaltu ta'uuf akka deemu, adeemsi isaa maal akka fakkaatu, akkasumas intala koofi guddina isheef maal jechuu akka ta'ee mataa na naanessaa ture.

Barruun kun adeemsa tajaajiloota ESIT daa'imman Washington keessaa jiraniif dhiyeessuuf hordofamu nii ibsa akkasumas maatiiwwanii fi kunuunsitootaaf galtee guddaadha. Kaayyoon eegumsa adeemsaa maatiiwwaniif kunuunsitoota waa'ee mirgoota seeraa isaanii fi eegumsa isaa hubachiisuuf. Barruu kana olka'adhaa waa'ee adeemsichaa yookaan akka maatiittii fi kunuunsituutti waa'ee mirga keessanii gaafilee yoo qabaattan itti deebi'aa ilaalaa.

**Julie, Maatii akka Keessanii**

## Gabatee Qabiyyee


**SEENSA** .............................................1

*Ibsa waliigalaa bal'aa Seera Barnootaa Namoota Qaama Miidhamoo (Individuals with Disabilities Education Act) (IDEA) fi sagantaa Deggersa Duraa Daa'imman Reefuu Dhalatanii fi Ijoollee (Early Support for Infants and Toddlers) (ESIT) kan kutaa C IDEA jalattii.*

**IBSA WALIIGALAA EEGUMSA ADEEMSAA** ............ 2

*Tartee mirgoota keessanii akka maatii yookan kunuunsa/ituu daa'ima tajaajiloota fudhachaa jiruu/tuu tti*

**YAADACHIISA BARREEFFAMAA KAN DURAA** ......... 3

*Ibsa barbaachisummaa waa'ee jijjiirraa Karoora Tajaajila Dhuunfaa Maatii daa'imaa irratti godhamuu utuu jijjiirraan akkasii hin godhamin yaadachiisa fudhachuu maatii.*

**EEYYAMA MAATII** .................................. 4

*Eeyyama maatii jechuun maal akka ta'ee fi daa'ima tajaajiloota fudhatuu/ttuuf yoom akka barbaachisu ibsa waliigalaa.*

**GALMEEWWAN** .................................... 5

*Ibsa mirga iccitummaa daa'ima keetii fi akka maatiitti galmeewwan daa'imakee fudhachuu fi madaaluuf mirgakee.*

**ADEEMSOTA WALDHABDEE FURUU** ................. 8

*Yeroo tajaajila yookaan murtii wajjin walii hin galle maal gochuu akka qabdu.*

**JAARSUMMAA** ..................................... 8

*Karaa ittiin nama giddugaleessa ta'e tokko kan rakkoo garee daa'ima kee keessaa hiikuuf deggeru waliin hojjettu.*

**ADEEMSA DHADDACHA SEERAA LOOGII HIN QABNEE** 9

*Adeemsi seera qabeessi ogeessa Seeraa Walcaalsisuu irraa bilisa ta'een nii geggeeffamu yeroo maatiin komii dhiyeeffatu hojiirra ooluu mala.*

**KOMIIWWAN BULCHIINSAA** ....................... 10

*Wanti sagantichaa barbaachisu akka hin guutamne yoo maatiin dhiphatan adeemsi seera qabeessi hordofamuu mala.*

**MAATII BAKKA BU'ANII GUDDISAA JIRAN** ............11

*Yeroo namni dhuunfaa bakka daa'ima maatiin yookaan guddiseen seera-qabeessi biraan irra hin jirre bu'uu fi akkamiin akka namni sun filatamu kan ibsuudha.*

**ODEEFFANNOO QUUNNAMTII** ........ **QOLA DUUBAA**

*Akkamitti Garee Geggeessummaa ESIT Isteetii kan Qajeelcha Daa'immanii, Dargaggootaa, fi Maatiiwwanii akka quunnaman.*




Waashingitan keessatti, sirni Kutaa C sagantaa Deeggarsa Duraa Daa'imman Reefuu Dhalatanii fi Ijoolleewwanii (Early Support for Infants and Toddlers) (ESIT) jedhama.

**Qindeessitoota Galteewwan Maatii (Family Resources Coordinators) (FRCs)**, Maatiiwwan waliin hojjechuun, Kutaa C jalatti baarreeffamoota dabalataa eeruun eegumsa adeemsaa isaanii akka hubatan maatiiwwan gargaaruu ni danda'a. Isaanis karaalee isinii fi maatiiwwan biroo ogeessota guddina daa'imman keessanii guutuuf gargaaruu danda'an waliin hojjetan eeruu danda'u.

## Seensa

*Seerri Barnootaa Namoota Qaama Miidhamoo maal inni akkasumas akkas jechuun daa'ima keessaniif hiika maalii laata?*

Seerri Barnootaa Namoota Qaama Miidhamoo (Individuals with Disabilities Education Act) (IDEA) seera federaalaa kan daa'imman reefuu dhalatanii fi ijoollee qaama miidhamoo ta'anii ulaagaa guutan (umrii dhalootaa – ji'oota 36 tti) ta'anii fi maatiiwwan isaaniif tajaajiloota gidduugalummaa duraa dhiyeessuu dabalata. Seeronni kunniin Kutaa C IDEA jalatti haammatamanii jiru. Kunniinis dambii seerota federaalaa (34 CFR Kutaa 303) akkasumas seerota fi qajeelfamoot Isteetii Waashingitan jalatti ibsamanii jiru.

Waashingitan keessatti, malli Kutaa C sagantaa Deeggarsa Duraa Daa'imman Reefuu Dhalatanii fi Ijoolleewwanii (Early Support for Infants and Toddlers) (ESIT) jedhama. Sirnichi hirmaannaa maatii akkasumas eeyyama maatii sadarkaa adeemsa giddugaltummaa hunda keessatti jiru, akeeka jalqabaa irraa eegalee hanga dhiyeessii tajaajilaa fi ce'umsaatti ol guddisuudhaaf tolfame.

Sagantaan ESIT mirgootaa maatii fi daa'immanii eeguudhaaf eegumsoota qajeelfamaa of keessatti dabalata. Akka dambii seerota federaalaa 34 CFR 303.400-438 jalatti ibsametti, waayeen eegumsoota qajeelfamaa kanneenii filannoo furmaata waldhabdee kan 34 CFR 303.430-438 jalatti ibsame dabalatee, akka isaan si'aayinaan hirmaataniif akkasumas tajaajiloota dhiyaatan kana keessatti gahee hoggansummaa daa'imaa fi maatii isaaniitiif qabaataniif maatiiwwan itti himamuu qaba. Barruun mirgoota maatii kun beeksisa seera qabeessa eegumsa adeemsa daa'immanii fi maatiiwwanii kan qajeelfama federaalaa Kutaa C jalatti ibsameeti.


Odeeffannoon dabalataa waa'ee adeemsa eegumsa daa'imaa fi maatii karaa tokkoo tokkoo Qindeessaa Galteewwan Maatii (Family Resources Coordinator) (FRC) fi tajaajila dhiyeessaa giddugaltummaa duraa isa tajaajiloota giddugaltummaa duraa dhiyeessuu irratti hirmaatee nii argama.

"**Tajaajilooti giddugaltummaa dursaa sirrii ta'an**" adeemsa IFSP keessatti murteeffamanii jiru. IFSP'n bu'aawwan IFSP keessatti adda baafaman galmaan gahuuf fedhiiwwan daa'immanii fi maatii adda ta'an guutuuf ibsa tajaajiloota gidduugaltummaa dursaa addaa barbaachisan of keessatti qabaachuu qaba. Dambiiwwan Federaalaa Kutaa C **www.gpo.gov/fdsys/pkg/FR-2011-09-28/pdf/2011-22783.pdf**tajaajilootni giddugaltummaa duraanii akka tajaajiloota "kanneen fedhiiwwan dagaaginaa tokkoo tokkoo daa'imman Kutaa C jalatti ulaagaa guutanii akkasumas fedhiiwwan maatii kanneen dagaagina daa'immanii fooyyessuu wajjin walitti dhiyaatanii guutuuf akka qopheeffamaniitti" hiika itti kenna.

**Odeeffannoon nama dhuunfaa adda baafaman kan hammatu:**

1. Maqaa daa'ima keessanii, maqaa keessan, yookaan maqoota miseensota maatii biroo.
2. Teessoo daa'ima yookaan maatii keessanii.
3. Adda baastuu nama dhuunfaa kan akka lakkoofsa nageenya hawaasaa daa'ima keessanii yookaan kan keessanii.
4. Addas baastuu alkallattii, kanneen akka guyyaa dhalootaa daa'imaa, bakka dhalootaa fi maqaa haadhaa heeruma duraa.
5. Tarree amaloota dhuunfaa yookaan odeeffannoo biroo kan sirriitti daa'ima keessa adda baasuu dandeessisan.
6. Odeeffannoo nama sagantaan giddugaltummaa dursaa akka eenyummaa daa'ima keessanii sirriitti beeku amanuun gaafatame.

## Ibsa Waliigalaa Eegumsa Adeemsaa



Dhimmaa barruu kanaatiif, Maatii jechuun abbaa dhalootaa fi hadha dhalootaa daa'imaa, maatii guddifachaa, guddistoota seeraa, maatii guddisoo yookaan namoota dhuunfaa kanneen bakka maatii guddifachaa yookin dhalootaa kan daa'imman waliin jiraatanii ta'anii gargaaran.

*Akka maatii yookan kunuunsa/ituu daa'ima tajaajiloota ESIT fudhachaa jiruu/tuu tti mirgooti keessan maal fa'i?*

Sagantaa ESIT Waashingitan keessatti, isin, akka maatiitti, mirgoota armaan gadii qabdu:

- Mirga madaallii gosa garaagaraa fi gamaggammii qopheeffamuu Karoora Tajaajila Dhuunfaa Maatii (Individualized Family Service Plan) (IFSP) walgahii IFSP jalqabaa irrattiin hordofamu, guyyaa qajeelchaa irraa guyyoottan kalaandaaraa 45 keessattii. Barnoota garagaraa jechuun hirmaannaa gosa hojii barnootaa yookiin ogummaa garagaraa lama yookiin isaa olii jechuudha. Fakkeenyaaf, Paatooloogistii Dubbannaa Afaanii fi Barsiisaa Addaa
- Maatiidhaaf mirga madaallii, gamaggammii, dagaagina IFSP, qindeessii tajaajilaa, akkasumas eegumsa adeemsaa kaffaltii tokko malee argachuu.
- Mirga madaallii argachuu, yoo isaaf eeyyama gaafattan yookin dhiyeessitan, yeroo adeemsa qorannoo kamitti iyyuu (yoo fayyadamtan ta'e).
- Kutaa C jalatti eeyyama qabaannaan, Daa'ima fi maatii keessaniif akka IFSP keessatti ibsametti **tajaajiloota giduugaltummaa duraanii seera qabeessa ta'e** mirga argachuu qabdu.
- Mirga qorannoo, madaallii, gamaggammii fi tajaajiloota diduu.
- Mirga walgahiiwwan kanneen waayee piroposaala eenyummeessaa, madaallii, yookin ramaddii daa'ima keessanii yookin tajaajiloota gidduugaltummaa seera qabeessa ta'e daa'ima yookin maatii keessaniif dhiyeessuu irratti murtoon ni taasifama jedhamanii eegaman irratti akka hirmaattaniif affeeramtanii jirtu.
- Mirga beeksisoota barreeffamaa eenyummeessaa, madaallii, yookin ramaddii daa'ima keessanii keessatti osoo jijjiiramni hin ibsamnii yookin hin didamiin yookin dhiyeessii tajaajiloota giddugaltummma daa'imaa fi maatii keessaniif barbaachisaa ta'e keessatti yeroodhaan argachuu qabdu.
- Mirgi tajaajiloota giddugaltummaa duraanii naannoowwan uumamaa keessattii fedhiiwwan dagaagina daa'imman keessanii guutuudhaaf argachuu.
- Mirga icciitii **odeeffannoo dhuunfaatti adda baafamanii eeguudhaan tursiisuu** .
- Mirga galagalcha jalqaba giddugaltummaa galmee daa'ima keessanii kaffaltii tokko malee argachuu.
- Mirga garagalcha madaallii, gamaggammii, akkasumas IFSP hundumaa kan dirqama hanga danda'ametti walgahii IFSP booda dhiyeeffaman argachuu.
- Mirga adda baafachuu akkasumas madaaluu, akkasumas yoo barbaachisaa ta'e, galmeewwan daa'ima keessanii jijjiiruu.
- Mirga waldhabdee maatii/dhiyeessitootaa furuudhaaf jaarsummaa gaafachuu fi/ yookin murtee of danda'aa bilisa ta'e argachuu. Mirga komii bulchiinsaa dhiyeessuu.

Mirgoota armaan olitti ibsamanitti dabaluudhaan Kutaa C jalatti eegumsa adeemsaa murtaa'an beekuudhaaf mirga qabdu. Mirgootni kunniinis armaan gaditti ibsamanii jiru.

## Yaadachiisa Barreeffamaa Duraa

*Dhiyeessitoota ESIT daa'ima keessaniin waa'ee walga'ii fi karoora jijjiirraa tajaajila irratti godhamuu akkamitti yaadachiifamtu?*

Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii eenyummeessa, madaallii, yookin ramaddii daa'ima keessanii yookin dhiyeessii tajaajiloota giddugaltummaa duraanii daa'ima fi maatii keessaniif osoo hin eegaliin yookin hin didiin yokin hin jijjiiriin dura beeksisni barreeffamaa duraa yeroo gahaa ta'e keessatti isiniif kennamuu qaba. Beeksisichi dirqama haala gahaa ta'een waayee armaan gadii isin beeksisuuf ibsamuu qaba:

- Gocha kontiraaktara tajaajiloota giddugaltummaa duraanii yookin dhiyeessaa tajaajila gidduugaltummaatiin gaafatame yookin didame.
- Tarkaanfii fudhachuudhaaf sababoota jiran.
- Eegumsoota qajeelfamaa kanneen Kuta C jalatti argaman hunda.
- Jaarsummaa Isteetii, komii isteetii, akkasumas qajeelfamoota adeemsa dhageettii murtoo haqaa, ibsa waayee akkaataa ittiin komii dhiyeessanii fi tartiiba yeroo qajeelfamoota sanaaf jiran of keessatti dabalachuudhaan.

Beeksisichi dirqama afaan hawaasa waliigalaaf ifa ta'e akkasumas afaan arraba ittin hiikkattaniin barreeffamuu qaba, kana gochuun ifaan waan hin danda'amne yoo ta'e malee.

Afaan dhaloota keessan yookin haalonni qunnamtii biroo afaan barreeffamaa miti yoo ta'an, dhiyeessaan tajaajila gidduugaltummaan yeroo duraanii waan kana taasisuudhaaf tarkaanfii ni fudhata.

- Beeksisichi afaan yookin karaa qunnamtiiwwan biroo gara afaan dhalootaa keetiitti hiikame jira.
- Beeksisicha hubattaniittu; akkasumas
- Ulaagaleen qajeelfama kana keessatti ibsaman guutamuu ragaan barreeffamaa ni jira.

Eeyyamni barreeffamaa keessan kanneen itti aanan dura kennamuu qaba.

- Daa'imni keessan qaama miidhaamaa ta'uutti yoo shakkaman murteessuudhaaf qorannoo dagaaginaa to'achuu.
- Madaalliiwwan akkasumas gamaggammii daa'ima keessanii hundumaa gaggeessuu.
- Daa'ima keessaniif tajaajiloota giddugaltummaa duraanii dhiyeessuu.
- Tajaajilootaaf kaffaluudhaaf faayidaalee yookin inshuraansii hawaasaa yookin inshuraansii dhuunfaa fayyadamuu.
- Odeeffannoo eenyummeessituu dhuunfaa waa'ee keessanii qooduu.

Eeyyamni barreeffamaa keessan tajaajilootni giddugaltummaa duraanii osoo hin dhiyeeffamiin dura argamuu qaba.

Yoo eeyyama keessan hin kennitan ta'e, isin dirqisiisuudhaaf (dhiibbaa irratti uumuu) gochi raawwatamu hin jiru. Karaa biraa, FRC, yookin dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii diddaa keessan haquun akka eeyyama kennitan isin taasisuuf adeemsa dhaddacha seeraa hin fayyadamu.



**Afaan dhalootaa**, bakka namooti hanqina dandeettiiwwan afaan Ingiliffaa qaban jiranitti kan fayyadu, kana jechuun afaan ati yeroo baay'ee itti fayyadamtuu jechuudha. Yeroo madaalliiwwanii fi gamaggammii daa'ima keessanii gaggeessitanitti, afaan dhalootaa jechuun afaan baratamaa daa'ima keessaniin dubbatamu jechuudha. Namoota duudaa yookin rakkoo dhageettii qabaniifi, kanneen qaroon isaanii hin argine yookin qaroo dhabeessaa yookin nama qooqa afaanii hin qabneef yeroo itti fayyadamtan, afaan dhalootaa jechuun afaan namni sun namaa biraa waliin waliigaluuf barteedhaan itti fayyadamuu jechuudha (kanneen akka afaan mallattoo, bireelii yookin qunnamtiiwwan jechootaa jiran).



## Eeyyama maatii

*Eeyyamni maatii maal inni akkasumas akkamiin mirga eeyyama keessanii fayyadamtu?*

Eeyyama jechuun:

- Odeeffannoowwan dhimma eeyyamni keessan irratti barbaadamuun walqabatan hundumaa afaan dhalootaa keessaniin akka beektan taasifamee jira.
- Gocha eeyyamni keessan irratti barbaachisu raawwachuuf barreeffamaan hubattanii waliigaltanii jirtu, akkasumas eeyyamichi gochicha kan ibsuu fi galmeewwan(yoo jiraate) giddugaltummaa duraanii isa gadhiifamuu fi eenyuuf akka gadhiifamu kan tarreessuudha.
- Eeyyama keessan kennuun fedhii keessan irratti kan hundaa'uu akka ta'e fi yeroo barbaaddanitti akka kaasuu dandeessan ni hubattu.

Eeyyama keessan yoo haqxan, duubatti hin deebi'u (gocha eeyyamichi osoo hin haqamiin dura turee hin ilaallatu).

Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii yookin hojjetaan sirrii gahumsa qabu akka isin wantoota kana gadii taatan mirkaneessuudhaaf dhamaatii sirrii ta'e taasisa:

- Waa'ee maalummaa qorannoo, madaallii akkasumas gamaggammiiwwan yookin tajaajiloota argamuu danda'anii sirritti beekuu.
- Yoo eeyyamni kenname malee daa'imni keessan qorannoo, madaallii akkasumas gamaggammii yookin tajaajilooticha argachuu akka hin dandeenye hubadhaa.

Kutaa C jalatti akka maatii daa'ima gahumsaa qabuu tokkootti, miseensonni maatii keessani kanneen biroo sagantaa kana jalatti daa'imni keessan tajaajila(oota) giddugaltummaa duraanii kamiyyuu akka fudhatan yookin akka hin fudhannee murteessuu dandeessu. Akkasumas sagantaa ESIT jalatti tajaajiloota giddugaltummaa duraanii kanneen biroo balaaf hin saaxiliin jalqaba erga fudhattanii booda tajaajiloota akkanaa (akkaataa dambichaatiin gochooota bulchiinsaa Qindeessii Qabeenyota Maatii barbaachisoo kanneen ta'aniin alatti) diduu ni dandeessu.

## Galmeewwan

*Galmeewwan daa'ima isaanii argachuu fi madaaluuf mirga maatiin qaban maalfa'i?*

**Icciitooma**

Qajeelfamoota icciitawoo odeeffannoo galmee kana keessatti ibsame irratti hundaa'uudhaan, waayee qorannoo, madaallii akkasumas gamaggammiiwwanii, murtoowwan gahumsaa, dagaaginaa fi hojii irra ooltummaa IFSPs, dhiyeessii tajaajiloota gidduugaltummaa duraanii, komiiwwan dhuunfaa waayee daa'ima keessanii, akkasumas galmeewwan sagantaa Kutaa C kan waayee daa'ima keessanii yookin maatii keessanii agarsiisu qorachuuf yookin madaaluuf carraan isiniif kennamuu qaba.

Dhiyeesssan tajaajiloota giddugaltummaa duraanii hundi isaanii galmeewwan daa'ima keessan yookin maatii keessanii waliin wal-qabatan hundumaa qorachuudhaafi gamaggamuuf (sa'aatiiwwan hojii irratti), daa'imni keessan tajaajiloota giddugaltummaa duraaniitiif erga ergamee booda kontiraataan yookin dhiyeessan seerota odeeffannoo federaalaa fi naannoo Kutaa C jalatti walitti qabaman, tursiifaman yookin kan eejansiiwwan hirmaatoo itti fayyadaman tursiisuu fi kanaan booda yeroo barbaachisutti hanga turuu danda'utti yeroo hojii keessatti isiniif kennuu qaba. Dhiyeessaan giddugaltummaa duraanii barfannaa hin barbaachifnee fi walgahii kamiyyuu duraan IFSP dhaan wal-qabatee yookin eenyummeessaa, madaallii, ramaddii, yookin murtoo dhiyeessiin wal-qabatee akkasumas erga gaafatamee booda haala kamiiniyyuu guyyaa kalaandaraa 10'n olii keessatti daa'ima fi maatii keessaniif guutuu qaba. Carraan galmeewwan giddugaltummaa duraanii qorachuu fi madaaluu kanneen armaan gadii of keessatti dabalata:

- Mirga waayee galmeeicha ibsaa fi hiikaan isaanii gaaffiiwwan sababa qabeessaa ta'aniif dhiyeessaa tajaajiloota giddugaltummaa irraa deebii argachuu.
- Mirga dhiyeessaan galmee odeeffannoo qabu akka dhiyeessuuf dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii galmeewwan odeeffannicha of-keessaa qaban akka dhiyeessuuf gaafachuu.
- Mirga nama bakka keessan bu'uudhaan galmee qoratuu fi madaalu argachuu.

Dhiyeessaan tajaajiloota giddugaltummaa duraanii galmeewwan daa'ima keessan waliin wal-qabatan qorachuufi madaaluudhaaf akka aangoo qabdan itti tilmaama, seera naannoo sanaa irratti hundaa'uudhaan dhaabbatichi yookin dhiyeessaan sun galmee (dookimentii) hin qabu yoo ta'e malee, dhimmoota akka eegumsaa, guddistootaa, guddifachaa, adda bahinsaa fi wal-hiikinsaa jiraan kan ilaalu seera naannoo ilaallatu sanaa irratti hundaa'uudhaani.

Dhiyeessitoonni tajaajiloota giddugaltummaa hundi isaanii galmeewwaan barreeffamaa Kutaa C (gahinsa maatiiwwan kontiraataanii yookin dhiyeessaanii akkasumas hojjettoota eeyyama qaban yoo ta'aniin alatti) jalatti walitti qabaman, argaman yookin tajaajilan, maqaa paartichaa, guyyaa kennameef akkasumas paartichi galmee daa'ima isaa akka itti fayyadamuuf dhimmaa paartichaaf eeyyamame dabalachuudhaan argachuu qabu.

Galmeen giddugaltummaa duraanii kamiyyuu daa'imman tokkoo oli irratti odeeffannoo kan of keessaa qabu yoo ta'e, isin kan qorachuu fi madaaluu dandeessan odeeffannoo daa'imaa yookin isin waliin wal-qabatan qofaa yookin waa'ee odeeffannoo murtaa'e sanaa beeksifamtu.

**Hiikonni itti aanan kutaa kana keessatti itti fayyadamaniiru.**

1. "**balleeffamuu**" jechuun balleeffamuu qabatamaa yookaan akka inni adda baastuu dhuunfaa ta'ee itti hin fufnetti odeeffannoo irraa haqamuu adda baastuu dhuunfaa;
2. "**Galmeewwan giddugaltummaa dursaa**," "**Galmee(wwan) barnootaa**" yookaan "galmee(wwan)" jechuun Kutaa C jalatti galmeewwan daa'imaan walqabatan kan walitti qabamuu, tursiifamuu yookaan fayyadamuu qaban; akkasumas
3. "**Ejensii hirmaataa**" jechuun nama dhuunfaa, ejensii, qaama yookaan dhaabbata hojiirra oolmaa barbaachisoo Kutaa C keessaaf odeeffannoo dhuunfaan aadda baadaman walitti qabu, tursiisu, yookaan itti fayyadamuudha. Ejensii hirmaataa tokko kan hammatu ejensii dursaa isteetii, tokkoo tokkoo dhiyeessaa tajaajila giddu galtummaa dursaa kan tajaajiloota Kutaa C dhiyeessu (tajaajila qindeessuu, madaalliiwwanii fi gamaggammii akkasumas tajaajiloota Kutaa C biroo dabalachuun). Maddoota qajeelcha duraa yookaan ejensii hawaasaa yookaan dhuunfaa kan tajaajiloota giddugaltummaa dursaa maallaqaan deggeran hin hammatu.

## Galmeewwan

Tokkoo Tokkoon dhiyeessaa tajaajiloota giddugaltummaa duraanii yeroo gaafattanitti, tartee gosootaa fi naannoowwan galmeewwan giddugaltummaa durii kanneen walitti qabaman, tursiifaman, yookin kontiraaktara yookin dhiyeessichaan itti fayyadamanii isiniif kenna. Dhiyeessan tajaajila giddugaltummaa duraanii koppiiwwan galmee isiniif Kutaa C jalatti kaawamaniif tarii kaffaltii isin kaffalchiisuu mala, yoo kaaffaltichii seeraan galmeewwan sana ilaaluu fi qorachuudhaaf carraa qabdan shaakaluu irraa isin hin dhorku ta'e. Haa ta'u malee, Kutaa C jalatti odeeffannoo jiru barbaaduuf yookin gadi baasuuf kaafaltii isin gaafachuu dhiisuu danda'u. dabalataanis, Walgahii IFSP hundumaa booda hanga danda'ametti koppiin madaalliiwwan hundaa, gamaggammiin daa'imichaa, gamaggammiin maatii fi koppiin IFSP isiniif kennamuu qaba.

Odeeffannoowwan Kutaa C jalatti walitti qabaman, argaman yookin itti fayyadamtan odeeffannoo giddugaltummaa duraanii keessatti sirrii miti yookiin dogongorsiisaadha, yookin jireenya dhuunfa keessan yookin kan daa'ima keessanii ni tuqa jettanii yaaddu yo ta'e, odeeffannicha fooyyessuudhaaf dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa odeeffannicha eeguudhaan tursiisuu gaafachuu dandeessu.

- Koontiraataan yookin dhiyeessichi gaaffiicha erga fudhatee booda yeroo sirrii ta'e keessatti odeeffannichi haala gaafichaatiin akka fooyya'u murteessuu qabu.
- Koontiraaktarri yookiin dhiyeessaan akkasii haala isin ittiin gaafattan irratti hundaa'uudhaan odeeffannoo fooyyessuuf eeyyamamaa miti yoo ta'e, diduu isaa isin beeksisuu qaba akkasumas mirga dhaddachaa seeraa qabaachuu keessan isin gorsuu qaba.



Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii, akka gaafatameen, galmeewwan giddugaltummaa duraanii kan dogongora hin qabne, nama hin walaalchisne ta'uu isaanii mirkaneessuufii carraa dhaddacha seeraa odeeffannoo sanaan morkuu kennuuf dirqama qaba, yookaan yoo ta'uu baate dhuunfummaa yookiin mirgoota biroo kee fi daa'ima keetii cabsuu ta'a. Qajeelfamoota Kutaa C yookin Seerota Mirgoota Barnoota Maatii fi Seera Dhuunfummaa (Family Educational Rights and Privacy Act, FERPA) waliin kan waliigalan akkaataa qajeelfamoota 34 CFR 99.22 itti adeemsa dhageetti seera haqaa gaafachuu dandeessu.

- Sababa dhaddachichaatiin koontiraataan yookin dhiyeessaan akkanaa odeeffannichi kan sirrii hin taane, dogongorsiisaa, yookin dhuunfummaa yookin mirgoota biroo kee fi daa'ima keetii kan tuquu akka ta'etti yoo murteesse odeeffannicha haala kanaan fooyyessuu fi barreeffamaan beeksisuu qaba.
- Sababa dhaddachichaatiin koontiraataan yookin dhiyeessaan akkanaa odeeffannichi kan sirrii hin taane, kan dogongora qabu, yookin dhuunfummaa kee fi daa'ima keetii kan hin tuqne akka ta'etti yoo murteesse, galmee daa'ima keessanii keessa kaawuu, hima odeeffannicha irratti yaada kennuu, akkasumas murtoo koontiraaktara yookin dhiyeessicha irrattti sababoota ittiin waliif hin galle hundumaa beeksisuuf mirga qabdu.
- Galmeeichi yookin kutaan falmichaa (kutaa galmee kan isin ittiin waliif hin galle) koontiraataa yookin dhiyeessaa kanaan hanga turutti, adeemsa hojiiwwan kanaa keessatti galmee daa'ima keessanii keessatti ibsi kaawame kamiyyuu, dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa dursaatiin akka qaama galmee daa'ima keessaniitti kaawamuu qaba.
- Galmeen daa'ima keessanii yookin kutaan falmisiisaa kontiraataa yookin dhiyeessaa akkanaatiin qaama sanaaf yoo ibsame, ibsi keessaniis akkasuma qaama sanaaf ibsamuu qaba.

**Eeyyama Odeeffannoo ofii Ifa Baasuun Dura**

Eeyyamni maatii dirqama dursee argamuu qaba, osoo odeeffannoon dhuunfaadhaan adda baafamanii beekaman kunniin hin argamiin dura:

- Kutaa C (34 CFR 303.414) fi FERPA (34 CFR 99.31) jalatti akka eeyyama argatuuf kan eeyyamameen alatti, Kutaa C jalatti odeeffannoo funaanuuf, eeguuf yookin fayyadamuuf aangawoota koontiraataa yookin dhiyeessitootaan alatti namoota hundatti ifa bahee jira; yookin
- Ulaagaalee Kutaa C jala jiran guutuun alatti dhimma kamiifiyyuu ni fayyada.

## Galmeewwan

Koontiraataan yookin dhiyeessan sun FERPA jalatti akka hojjetuuf yoo eeyyamameefii alatti, odeeffannoon galmee giddugaltummaa daa'ima keessanii eeyyama keessan malee dhiyeessitoota tajaajila giddugaltummaa duraaniin eejansiiwwan biroof kennamuu hin danda'u. Eeyyama kennuu yoo diddan, dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii qajeelfamoota diddaa waliin wal-qabatan, kanneen akka akka waliigaltee isatti kennamuu dhiisuu, dandeettii tajaajiloota giddugaltummaa argachuu irratti akka dhiibbaa fidu danda'u hubachiisuu, qajeelfamoonni sun eeyyamichan mormuudhaaf mirga isaanii hanga hin tuqamnetti hojii irra ni oolcha.

Kutaa C jalatti, ESIT maqaa fi guyyaa dhalootaa akkasumas odeeffannoo qunnamtii (Maqaa, teessoo, fi lakkofsa bilbilaa keessan dabalachuun) eeyyama keessan malee gara eejansii barnootaa isteetii (Waajira to'annoo bulchiinsa uummataa) akkasumas eejansii barnootaa naannoo (distiriktii mana barnootaa naannoo) bakka daa'imni keessan jiraatanii gadhiisuutu irraa eegama. Odeeffannoon kun IDEA Kutaa B jalatti daa'imman tajaajilootaaf gahumsa qabaachuu danda'an hundumaa adda baafachuuf barbaachisaadha.

Eegumsoonni armaan gadii dirqama iccitooma galmeewwanii mirkaneessuuf jiraachuu qabu:

- Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa dursaa dirqama icciitii odeeffannoo adda baaftuu dhuunfaadhaan beekaman sadarkaalee walitti qabamaa, eegumsaa, kuusaa, ifa baasuu, akkasumas balleessii hundumaa eeguu qaba.
- Aangawoon dhiyeessitoota tajaajila giddugaltummaa hundi isaanii itti gaafatamummaa icciitii odeeffannoowwan dhuunfaadhaan beekaman kamiyyuu mirkaneessuu qabu.
- Namoonnii odeeffannoo addabaaftuu dhuunfaa funaananii fi fayyadamaa jiran hundi isaanii dirqama leenjii yookin qajeelfama waayee seerota Kuta C Washingitanii fi qajeelfamoota IDEA fi FERPA waliin wal-qabatan fudhachuu qabu.
- Dhiyeessitoonni tajaajila giddugaltummaa dursaa hundi isaanii kanneen odeeffannoowwan ifatti adda baahanii beekaman argachuu danda'an hojjettoota eejansicha keessatti argaman, maqaa fi tarreefama woktaawaa bakkeewwan hojii qorannoo uummataatiif kaawuu qabu.
- Kutaa C, dambii GEPA 20 USC 1232f, fi EDGAR, 34 CFR kutaalee 76 fi 80 keessatti tajaajila daa'ima yookiin maatii keessaniif kennuuf odeeffannoowwan dhuunfaadhaan moggaafaman kan walitti qabaman, kan eegaman yookin kan fayyadan kana booda yeroo hin barbaachisnetti dhiyeessaan giddugaltummaa dursaa dirqama maatiitti himuu qaba.
- Yoo odeeffannichi dhiyeessii tajaajila daa'imichaaf yookin maatiidhaaf hin barbaachisu ta'e gaaffi maatiitiin odeeffannoowwan sun dirqama balleeffamuu qabu.


Tarii odeeffannoon maqaa, guyya dhalootaa, teessoo abba/haadha (teessoo fi lakkofsa bilbilaa dabalatee) maqaa qindeessitoota tajaajilaa(oota) (FRCs), akkasumas dhiyeessaa(oota)giddugaltummaa dursaa, akkasumas odeeffannoo bahumsaa (wagga fi bara itti bahan dabalatee, akkasumas erga bahee boodaa sagantaa itti seene) daangaawwan yeroo malee tursiifamuu danda'u.

Tokkoon tokkoo dhiyeessaa tajaajiloota giddugaltummaa dursaa iccitummaa odeeffannoo dhuunfaan adda baafamanii eeguu qaba akkasumas eeyyama maatii malee galmeewwan daa'imaa gadi dhiisuu hin danda'u.

## Adeemsota Waldhabdee Furuu

*Waa'ee sagantaa yookaan tajaajiloota giddugaltummaa duraanii daa'ima keessaniif dhiyaachaa jiranii yaaddoo yoo qabaattan maal gochuu hin dandeessu?*

Waa'ee sagantaa giddugaltummaa duraanii daa'ima keessanii irratti yaaddoo yoo qabaattan, maaloo hanga danda'ametti garee FRC yookiin IFSP dhaaf qoodaa. Sagantaan ESIT furmaata wal-dhabdeewwanii hanga sadarkaa gadi-aanaa danda'ametti deemuun wal-dhabdeewwan furuu ni jajjabeessa. Haa ta'u malee, yoo yaadonni karaa seeraan ala ta'een furamuu hin danda'an ta'e, filannoowwan biroo wal-dhabdee furuu ni jiru.



Eenyummeessaa, madaallii, ramaddii daa'ima keessanii, yookin dhiyeessii tajaajiloota giddugaltummaa duraanii daa'ima yookin maatii keessaniif dhiyeessuu irratti yoo waldhabdan(walii hin galle), furmaata yaadaa keessanii kanyeroo isaa eeggate gaafachuu ni dandeessu.

**Kanneen armaan gadii sadan qajeelfamoota seeraan alaa wal-dhabdee furuudhaaf isin gargaaran dha. Kunninis jaarsummaa, adeemsa murtoo of-danda'aa ta'e akkasumas komii bulchiinsaa of keessatti ni dabalatu. Tartiiba kamiiniyyuu hojjetamuu danda'a.**

## Jaarsummaa

*Jarsummaan karaa mormii hin qabneen waldhabdeewwan furuudhaaf carraa isiniif kenna. Kunis dirqama fedhiidhaan akkasumas karaa bilisa ta'een qaamota lamaaniin waliigalamuu qaba.*

Faayidaalee adeemsa jaarsummaa ibsuuf, akkasumas faayidaa jaarsummaa jajjabeessuuf Eejansiin bulchaa isteetii maatii fi dhiyeessitoota tajaajila kanneen adeemsa jaarsummaa akka carraa namoota fedhii hin qabne (IM) kanneen tuta waldhabdee furu yookin gidduugala leenjii fi odeeffannoo maatii yookin gidduugala qabeenya maatii hawaasaa Isteeticha keessa jiruu waliin koontiraatamee jiru waliin yeroo fi bakka mijataa ta'etti akka ittiin wal qunnamaniitti warra hin ilaalleef qajeelfma bu'ureessa.

Jaarsummaan karaa eejansii bulchaa naannoo gaaffii jaarsummaa erga ofitti fudhatee booda woktii isaatti xumuramuu qaba akkasumas dadhacha adeemsa murtoo haqaa of-danda'aatiin mirgoota keessan eeguudhaaf yookin tursiisuudhaaf Kutaa C jalatti mirgoota keessan biroo eeguudhaaf hojii irra ooluu hin danda'u.

Jaarsummaan karaa yeroo isaa eeggateen, bakka qaamota lamaaniifuu mijataa ta'etti karoorfamuu fi taasifamuu qaba. Jaarsoomaan dandeettii qabuu fi qaama lachuu irraa iyyu bilisa ta'e, haala jaarsummaa bu'aa qabeessa ta'een kan leenji'ee, haala baratamaa hin taanee fi wal falmiin hin jiraanne keessatti wal-dhabdeen isaani akka furmaata argatuuf qaamota lamaan iyyu quunnama.

> **Jarsummaan** karaa mormii hin qabneen waldhabdeewwan furuudhaaf carraa isiniif kenna. Kunis fedhiidhaan akkasumas karaa bilisa ta'een qaamota lamaaniin waliigalamuu qaba.

Eejansiin bulchaa Isteetii tartee jaarsota(araarsitoota) ulaagaa guutanii kan waa'ee seerotaa fi qajeelfamoota tajaajiloota giddugaltummaa dursaa daa'imman reefuu dhalatanii fi ijoollee qaama miidhamtootaaf akkasumas maatiiwwan isaaniif kennuutiin walqabatan irratti beekumsa gahaa qabanii qabatee jira. Araarsitoonni dirqama callisiidhumaan, carraa naannessuun yookin qaamota of-danda'oo birootiin filatamuu qabu. Eejansiin bulchiinsa Isteetichaa jaarsummaa jajjabeessuuf baasiiwwan walgahii kamiyyuu dabalachuudhaan baasii jaarsummaa hundaaf itti gaafatamummaa qaba.

Waldhabeen sun jaarsummaadhaan yoo hiikame, qaamonni lamaan waliigaltee seraan dirqisiifame kan adeemsa murtoo sanaa ibsuu fi yeroo adeemsa jaarsummaa waantonni taasifaman hundi iccitiidhaan eegamuu akka qaban hima, akkasumas adeemsota haqaa itti aanan yookin mormiiwwan mana murtii keessatti akka ragaatti hojii irra ooluu hin danda'ani. Waliigalteen sun bakka bu'aa eejansii bulchaa isteetiitiin isinii fi eejansiwwaan sana walitti hidhuudhaaf aangoo qabuun mallatteeffamuu qaba. Waliigalteen jaarsummaa barreeffamaan mallatteeffame sun aangoo Isteetii kamitti iyyuu yookin goodinoota mana murtii Ameerikaa hunda keessatti hojii irra oolfama.

Jaarsummaan yeroo kamitti iyyuu adeemsa haqaa of-danda'aa ta'e gaafachuu irraa isin hin dhorku. Haala fuula itti aanu irratti ibsameen adeemsa jaarsummaa fi haqaa bilisaa fi danda'aa ta'een al tokkoon gaafii dhiyeessuu dandeessu.

## Daddacha adeemsa hojii loogii hin qabne

*Dhaddachi adeemsa haqaa of- danda'aa ta'e kan Aangawonni Dhageettii qajeelchan yeroo ta'u, bakka ijoollee isaanii bu'uudhaan kanneen ol-iyyannoo namoota dhuunfaa dhiyeessuudhaaf barbaadaniif filanno isa tokko dha.*

Adeemsi dhaddacha haqaa loogii hin qabne erga gaaffichi dhiyaatee booda guyyota kalaandaraa 30 keessatti xumuramuu qaba akkasumas murtoo barreeffamaan kennamuu qaba. (Jaarsummaan, yoo yaalameera ta'e, guyyoota kalaanderaa 30 keessatti ta'uu qaba.) Ogeessotni Dhaddachaa adeemsa dhaddachaa haqaa geggeessuuf ramadamamaniiru.

Ogeessonni Dhaddachaa waa'ee dhiyeessiiwwan Kutaa C fi fedhiiwwaniifi tajaajiloota daa'imman ulaagaa guutaniif fi maatiiwwan isaaniif argamanii beekumsa gahaa qabaachuu qabu akkasumas dalagaawwan armaan gadii raawwachuu qabu:

- Waayee komiichaa dhiyeessii odeeffannoo seera qabeessa ta'e dhaggeeffadhaa, odeeffannoowwan dhimmicha waliin wal-qabatan hundumaa qorachuudhaan komii keessan yeroo isaatti furuudhaaf yaalii taasisaa.
- Murtoo barreefamaa dabalatee baasii bulchiinsaa naannoo sanaatiin galmee adeemsichaa dhiyeessaa.

Kutaa C jalatti, adeemsa dhaddacha murtoo haqaa kam keessatti mirgootni gaditti tarreeffaman kan qajeelfamoota kana jalatti raawwataman isiniif kennamanii jiru.

- Gorsaa (baasii keessaniin) akkasumas namoota dandeetti addaa yookin leenjii waa'ee tajaajiloota giddugaltummaa daa'imman ulaagaa guutanii kan Kutaa C jalaa qaban waliin deemuuf akkasumas gorsamu (baasii keessaniin).
- Ragaa dhiyeessuu fi kallattiidhaan ittin mormuudhaaf, qorachuudhaaf akkasumas ragaaleen akka argaman dirqisiisuudhaaf.
- Adeemsi osoo hin eegaliin yoo xiqqaate guyyoota kalaandaraa shan dura ragaalee isiniif hin ibsamne yoo jiraate kamiyyuu dhaddachicha irratti akka hin dhiyaannee dhorkuudhaaf.
- Garagalchii(koppii)mormii barreeffamaa yookin afaaniin taasifame sanaa argachuudhaaf isiniin baasii tokko ille hin gaafatu.
- Argannoowwanii haqaa fi murtoowwan barreeffamaa baasi tokko malee argachuudhaaf.

Adeemsota kana keessatti adeemsi haqaa bilisaan ibsame bakka fi yeroo isiniif mijataa ta'e keessatti taasifamuu qaba. Eejansiin dhageettii bulchaa Isteetii komii keessan erga fudhatee booda guyyota kaalandaraa 30 booda ta'uu hin qabu, adeemsi haqaa loogii hin qabne xumuramuu akkasumas namoota hundaaf murtoo barreeffamaa karaa poostaatiin erguu qaba. Aangawoon dhageettii mana murtii gaaffii qaamota lamaanii irratti hundaa'uun guyyoota 30 oliif dheeressituun yeroo kennamuu danda'a. Qaamni argannoowwanii fi murtee adeemsa murtoo haqaa loogii hin qabnee kana itti hin gammadne himannaa isaa mana murtee federaalaa yookin naannootti dhiyeeffachuu danda'a.

Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa dursaa fi isin yoo walii hin galle ta'e malee, ol-iyyannoon adeemsa murtii haqaa of-keessatti qabatu kamiyyuu yeroo raawwatamutti IFSP daa'imni yookin maatiin keessan eeyyaman keessatti haaluma ibsameen giddugaltumma tajaajilootaa seera qabeessa ta'an argachuu isaanii itti fufu.

Komiin tajaajiloota dursaa Kuta C jalatti argamaniif iyyata kan of keessatti dabalatu yoo ta'e, tajaajiloota daa'imni fi maatiin keessan ittiin wal-hin mormine sana kennuu qabu.

**Dhaddachi seeraa loogii hin qabne** adeemsa seera qabeessa Ogeessa Dhaddacha Seeraa Loogii irraa Bilisa ta'een geggeeffamuudha akkasumas maatiiwwan komee dhuunfaa daa'imaa dhiyeessuu barbaadaniif filannoodha.

**Waa'ee Jaarsota araaraa fi Ogeessota Dhaddachaa ...**

Jaarsotni Araaraa fi Ogeessonni Dhaddacha adeemsa seeraa "loogii irraa bilisa ta'uu" qabu. Loogii irraa bilisa ta'uu jechuun namni Jaarsummaaf yookaan akka Ogeessa Dhaddachaatti filatame:

1. Hojjetaa ejensii isteetii dursaa, dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa duraa tajaajilota giddugaltummaa duraa, tajaajiloota biroo yookaan kunuunsa daa'imaa dhiyeessuu keessatti qooda fudhate ta'uu hin qabu; akkasumas
2. Fedhii dhuunfaa yookaan ogummaa kan qabatamaan adeemsicha raawwachuu isaa yookaan ishee keessatti waldhabdee uumuu danda'an kan hin qabne.

   Namni akka Jaarsaa Araaraa yookaan Ogeessa Dhaddachaa gahumsa qabu tokko sababa akka jaarsummaa yookaan dhiyeessaa dhaddacha haqaatti ejensiidhaan yookaan saganataadhaan waan kanfaluufiif qofa qaxaramaa ejensii isteetii bulchu, dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa duraa ta'uu hin danda'u. **Komiin bulchiinsaa** ibsa wanti Kutaa C jalatti barbaadamu akka cabe akkasumas ibsa haqootaa kan komiin sun irratti hundaa'e qabaachuu qaba.

## Komiiwwan Bulchiinsaa

Adeemsota murtii haqaa armaan olitti eeraman itti dabaluudhaan warreen naannoo biraa irra dhufan dabalachuudhaan, namni dhuunfa tokko yookin dhaabbata eejansii mootummaa kamiyyuu irratti yookin dhiyeessitoota tajaajilaa dhuunfaa irratti tajaajila giddugaltummaa dursaa dabalatee ulaagaa sagantaa Kutaa C tuqu kamiyyuu dabalatee ol-iyyannoo barreeffamaan mallatteefame dhiyeessuu danda'u. Eejansiin bulchaa Isteetii leenjii maatii fi giddugaloota odeeffannoo, eejansiiwwan bakka bu'oota fi abukaattoo dabalatee qajeelfama komiiwwan isteetichaa maatiiwwanii fi namoota fedhii qabeeyyii birootiif bal'inaan ni raabsa.

Komiin dirqama kan of keessatti qabaachuu qabu:

- Himaa eejansiin dursaa, eejansiin hawaasaa, yookin dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa duraanii ulaagaa Kutaa C miidhee jira.
- Haqni kan himichii irratti hundaa'edha.
- Mallattoo fi odeeffannoo qunnamtii nama komii kana guutuuf kennamu.
- Dhimma daa'ima tokkon wal qabatee himannaa yoo baantu ta'e:
  - Maqaa daa'imaa fi teessoo bakka daa'imni sun jiraatuu.
  - Maqaa koontiraata tajaajiloota giddugaltummaa dursaa yookin dhiyeessa tajaajila giddugaltummma duraanii.
  - Ibsa uumama rakkoo daa'imaa haqoota rakkoo sanaan walqabatan of keessatti dabalatee.
  - Yeroo komiin sun itti dhiyaatutti hamma beekamuu fi argamutti yaada rakkoo sanaaf dhiyaatedha. **Komiiwwan bulchiinsaa turtii waggaa (1) ibsame kana keessatti dirqama eejansii bulchaa isteetiidhaan guutamuu fi fudhatamuu qaba.** Namni yookin eejansiin iyyannoo sana dhiyeessu garagalcha yookin koppii nama komii sanaa dhiyeessee gara dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa dursaatti komii isaa eejansii bulchaa naannoo sanaa waliin yeroo wal-fakkaataatti dhiyaachuudhaan daa'ima sana tajaajiluu qaba.

Eejansiin bulchaa naannoo komii sana erga fudhatee booda kanneen armaan gadii hojjechuudhaaf guyyootakaalaandaraa 60 qabu.

- Qorannoon eejansii bulchaa naannoo barbaachisaa ta'uu isaa murteessinaan qorannoo ofdanda'aa fi bilisa ta'e bakka sanatti gaggeessa.
- Nama yookin dhaabbata iyyannoo sana dhiyeessuuf waayee himannaawwan iyyannoo sana keessa jiranii odeeffannoowwan dabalataa afaaniinis ta'ee barreeffaman akka dhiyeessuuf carraa kenna.
- Eejansiiwwaniif/dhiyeessitootaaf murtoo bulchaa eejansichaa irratti hundaa'uudhaan komicha akka deebisaniifii, iyyannoo sana banuudhaaf yaadni dhiyaate akkasumas qaamonni hundi jaarsummaa keessatti akka hirmaataniif carraa kennaafi.
- Odeeffannoo barbaachisoo ta'an hundumaa madaala akkasumas ulaagaa Kuta C darbuun mudachuu fi dhiisuu isaa irratti murtoo of-danda'aa bilisa ta'e kenna.
- Himannaawwan iyyannoo sana keessa jiran hundumaa qaama dhimmi ilaallatuuf nama iyyannoo sana galchuuf murtoo barreeffamaa dhiyeessaa akkasumas dhugaawwanii fi argannoowwan cuunfaa akkasumas sababoonni murtoo dhumaas bulchaa eejansiichaa keessatti ni argamu.

Yoo murtoon inni dhumaa tajaajilootni sirrii akka hin dhiyaanne agarsiisa ta'e, eejansiin isteetii bulchu dirqama kanneen furuu qaba:

- Tajaajiloota ta'uu kennamuu qaban, fedhii daa'ima keessanii kan dhimma iyyannoo fi maatii ta'e sirreessuuf, ejjennoowwan sirressii ta'uu qaban( kanneen akka tajaajiloota kaasaa yookin kan akka maallaqaa deebisanii kennuu) dabalatee kennuu dadhabuu; akkasumas
- Daa'imman qaama miidhamoo ta'anii fi ol guddataa jiraniifi maatii isaanii hundaaf tajaajiloota gara fuulduraa kennuu.

Eejansiin bulchaa Isteetichaa murtoo sana karaa bu'aa qabeessa ta'een raawwachuudhaaf karaa isaa dandeessisu itti dabaluu qaba, yoo barbaachise, waliigalticha galmaan gahuudhaaf sochiiwwan gargaarsa teeknikaa, waliigalteewwan akkasumas gochoota sirressii dabalachuudhaan.

Iyyannoon barreeffamaa yoo dhiyaates dhaddachi adeemsa murtoo haqaa yookin dhimmoota baay'ee kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa inni tokko yookin isaan caala qaama dhaddacha sanaati, eejansiin bulchaa naanoo sanaa hanga dhaddachichi xumuramutti iyyannoowwan adeemsa haqaa keessatti keessummeeffamaa jiran kutaa iyyannoo kamiyyuu dhiisuu qaba. Haa ta'u malee, iyyannoo sana keessatti dhimmi qaama adeemsa haqaa hin taane kamiyyuu galmee kana keessatti ibsamee guyyoota kaalandara 60 keessatti fi adeemsota komii keessatti furmaata argachuu qaba.

Adeemsa murtoo haqaa qaamota garee tokko ta'an kan of keessaa qabuun murtiin dursee kan kenname haala hojii kanaatiin ilaalamuu hin danda'ani. Eejansiin bulchaa isteetichaa murtoon dadhachichaa dirqisiisaa ta'uu isaa dhiyeessaa komichaatti himuu qaba.

Dhiyeessaan tajaajila dhuunfaa yookin eejansii mootummaa( kontiraaktara yookin dhiyeessaa tajaajiloota giddugaltummaa duraanii of keessatti dabalachuudhaan) murtoo adeemsa haqaa hojii irra oolchuu dhiisuu isaa irratti komiin dhiyaatu eejansii bulchaa naannichaatiin furmaata argachuu qaba.

## Maatii Bakka Bu'anii Guddisaa jiran

*Maatii yookaan guddisee seeraa malee eenyuutu mirgoota daa'imaa eega?*

Mirgoonni daa'imman Kutaa C tti ulaagaa guutanii kan kabajamuuf, yoo:

- Maatiin kamiyyuu beekamuu hin danda'u;
- Dhiyeessaan tajaajila giddugaltummaa dursaa, yaaliiwwan sababa qabeessa ta'an erga taasisee booda maatii argachuu hin danda'u; yookin
- Seera isteetii jalatti daa'imichi kutaa isteetii Waashingitan keessaa isa tokko dha.

Adeemsota itti aananii jiran irratti hundaa'uun namni tokko maatiidhaaf "bakka bu'aa" ta'ee akka hojjetuuf ramadamee jira.

Qajeelfamoonni kunniin daa'imichi akka namni bakka maatii isaa bu'ee isa guddisuuf barbaaduu isaa murteessuuf, akkasumas maatii biraa isaaf ramaduuf tattaaffii hiika qabeessa ta'e taasisuun guyyoota 30 hin callee keessattii maloota ittiin murtessuudhaaf gargaaran of keessaa qaba.

Yeroo maatiiwwan bakka bu'uu danda'an filannutti ulaagaaleen armaan gadii hojii irra oolfamu. Maatiin bakka bu'aan dhiyeessitoota tajaajila giddugaltummaa dursaatiin filatamu, akkasumas dirqama ulaagalee armaan gadii guutuu qabu:

- Fedhii dhuunfaa yookin oogummaa kan fedhii daa'imichaa waliin isa/ishee walitti buusu kan hin qabne.
- Beekumsaa fi dandeettii bakka bu'insa gahaa daa'ima sanaa kan mirkaneessuu danda'u ta'uu qaba.
- Hojjetaa eejansii isteetii kamiiyyuu kan hin taane; yookin hojjetaa nama dhuunfaa tajaajiloota, barnoota, kunuunsa, yookin tajaajiloota biroo daa'immaniif yookin miseensa maatii kamiifiyyuu kanneen tajaajiloota giddugaltummaa dursaa kennanii kan hin taane. Namni maatii bakka bu'aa ta'uudhaaf gahumsa qabu tokko, akkaata adeemsota kanaatiin sababa dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa dursaatiin akka maatii bakka bu'aatti waan kanfalamuuf qofaaf qaxaramaa miti.

Daa'imni tokko yeroo kutaa isteetii Waashingitan ta'ee jirutti yookin bakka guddisa daa'immanii keessatti yoo ramadame, eejansiin dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa dursaa eejansii hawaasaa kan akka daa'ima kunuunsuuf ramadamee kana waliin mari'achuu qaba.

Daa'ima kutaa isteetichaa ta'e tokkoof, eejansii dhiyeessaa tajaajila giddugaltummaa dursaatiin ramadamuun alatti, abbaan seeraa dhimma daa'imichaa olaantummaadhaan hordofaa jiru tarii maatii isa guddisu danda'u daa'ima sanaaf ramaduu danda'a, hanga filannoon sun ulaagaalee armaan oliitti ibsaman hunda guutetti.

Maatiin bakka bu'ee guddisu sun dhimmoota hundaa Kutaa C jalaa irratti akkuma maatiitti mirga walfakkaataa qabu.



## Odeeffannoo Quunnamtii

Waa'ee adeemsa eegumsaa odeeffannoo bal'aa yoo barbaaddan, Qindeessaa Galteewwan Maatii Naannoo keessanii(Family Resources Coordinator) (FRC) qunnamaa, karaa:

Yookiin

Iyyannoo dhiyeessuuf, jaarsummaa gaafachuuf fi/yookin adeemsa murtoo haqaa dhaggeeffachuuf yoo karoorsitan, maaloo sagantaa (ESIT) qunnamaa, karaa:

**Sagantaa Department of Children, Youth & Families Early Support for Infants and Toddlers (Muummee Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatiiwwanii Deeggarsa Dursaa Daa'immanii fi Ijoollee) Mootummaa Washington**
PO Box 40970
Olympia, Washington 98504-0970
**esit@dcyf.wa.gov**
**www.dcyf.wa.gov/services/child-dev-support-providers/esit**

Galtee:

**Washington PAVE (Partnerships for Action, Voices for Empowerment (Miiltummaa Gochaa, Sagalee Aangomsuu))**
6316 S. 12th St.
Tacoma, Washington 98465
Bilbila: 1-800-572-7368
FAAKSII: 253-566-8052
**pave@wapave.org**
**www.wapave.org**

*Sagantaalee fi sochiiwwan hunda keessatti loogiin dhorkaadha. Namni kamiyyuu bu'uura sanyii, halluu, amantii, saba, saala, umrii yookiin hir'ina qaamaatiin loogamuu hin danda'u.*

*Garagalcha galmee kanaa foormaata yookin afaan garaagaraatiin argachuu yoo barbaaddan, maaloo Constituent Relations (Hariiroowwan Mootummaa) DCYF qunnamaa (1-800-723-4831 | 360-902-8060,* **ConstRelations@dcyf.wa.gov***).*

DCYF PUBLICATION FS_0005 | DEL 11-001 OM (07-2023) Oromo